

# Mirkaneeffata filannoo

## An filachuu nan danda'aa? Eeyyee,

- Lammii U.S. yoo taatan
- Umuriin keessan Guyyaa Filannootti yoo xiqqaate waggaa 18 yoo ta'e
- Guyyaan Filannoo osoo hin ga'in yoo xiqqaate guyyaa 20f jiraataa/ttuu Minnesota yoo taatan
- Murtoo adabbii yakka cimaa hunda isaa xumurtanii jirtu yoo ta'e
- Eegumsa seeraa jalatti abbaan seeraa mirga filachuu keessanii isin irraa hin mulqine yoo ta'e

## Filachuudhaaf mnvotes.org irratti galmaa'aa

- Toora intarneetiirraan galmaa'aa
- Iyyata galmee keessanii piriintii godhadhaa
- Galmaa'uu keessan adda baafadhaa
- Bakkee filannoo keessanii barbaadaa
- Guyyaa Filannoorra galmooftu yoo taatan waan fiduu qabdan baraa

## Waraqaa filannoo keessan irra maal akka jiru baraa

Iddattoo waraqaa filannoo keessanii myballotmn.sos.state.mn.us irraa ilaalaa

## Karaawwan Ittiin Filatan

**Dursanii poostaadhaan filachuu**

- Waraqaan filannoo qaamaan osoo hin dhiyaatin filachuu poostaadhaan akka isiniif ergamuuf mnvotes.org tti iyyata galfadhaa

**ykn**

**Dursanii qaamaan filachuu**

- Waajjira filannoo ykn bakkee dursanii filachuu naannoo keessaniitti Bakkeewwaniif: hennepin.us/elections
- Guyyaa Filannootiin dura guyyoota 46 dursee eegala

**ykn**

**Guyyaa Filannoo**

- Buufata filannoo keessanii pollfinder.sos.state.mn.us irraa ilaalaa
- Guyyaa Filannootti filannoon ganama sa'a 7 hanga galgala sa'a 8 tti banaadha